

Waggaa 26^{ffaa} Lak.10 /2010
ጳጉሥ ዓመት..... ቁጥር.....፲/፪ሺ፲
26thyear No. 10/2017



Finfinnee,..... Ebla 7 Bara 2010
ፌንፊኔ፣ሚያዝያ ፯ ቀን ፪ሺ፲ ዓ.ም
Finfine,..... April 15, 2018

MAGALATA OROMIYAA

L μ E p % Z M !

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo Qarshii 3.90 የአገረ «è ” ¶ ብር 3.90 Unit Price Birr 3.90	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe ፲%Z M ! ብሔራዊ ርፎፖ፲ L ራ R r በጨፌ ኦሮሚያ ሰጠና ደ' »	Lak. S. Poostaa 21383-1000 ፩፲.ባ.፪፻፶፯21383-1000 P.O.Box 21383-1000
---	--	---

QABIYYEE <u>Labsii Lak. 208/2010</u> Labsii Dhaabbata Raadiyoo fi Tele- vizyini Oromiyaa Maqaa Oromiyaa Biroodkaastiingi Neetworkii Moo- tummaa Naannoo Oromiyaa Jedhuun Irradeebiin Hundeessuuf Bahe, Labsii Lak. 208/2010Fuula 1	ማውጫ <u>አዋጅ ቁጥር ፪፻፰/፪ሺ፲</u> የኦሮሚያ ሬዲዮና ቴሌቪዥን ድርጅትን የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ኦሮሚያ ብሮድካስቲንግ ኔትዎርክ በሚል ስያሜ እንደገና ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር ፪፻፰/፪ሺ፲...ገፅ ፩	CONTENT <u>Proclamation No. 208/2018</u> Proclamation to Reestablish Oromia Radio and Television organization to Oromia Broadcasting Network of Oromia Regional State Proclamation No.208/2018.....Page 1
--	--	--

Labsii Dhaabbata Raadiyoo fi Tele-
vizyini Oromiyaa Maqaa Oromiyaa
Biroodkaastiingi Neetworkii Moo-
tummaa Naannoo Oromiyaa Jedhu-
un Irradeebiin Hundeessuuf Bahe,
Labsii Lak. 208/2010

Gaheen miidiyaaleen uummataa
sochii hawaasummaa, diinagdee fi
siyaasaa naannoo tokkoo keessatti
qabanii fi bu'aan buusan murteessaa
waan ta'ee;

Miidiyaa ummataa cimaa ta'ee fi bili-
summaa mataa isaa qabu; odeeffan-
noowwan wayitaawaa, bashannansi-
isaa fi barsiisaa ta'an karaa gahumsaa
fi qulqullina qabuun biyya keessaa fi
guutuu addunyaa irraa walitti qabu-
un ummataaf bal'innaan tamsaasu;
akkasumas, ummata misoomaaf,
ijaarsa sirna dimokraasii fi nageen-
yaaf kakaasu hundeessuun barbaa-
chisaa waan ta'ee argameef;

የኦሮሚያ ሬዲዮና ቴሌቪዥን ድርጅትን
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ኦሮሚያ
ብሮድካስቲንግ ኔትዎርክ በሚል ስያሜ እንደገና
ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር ፪፻፰/፪ሺ፲

የህዝብ ሚዲያዎች በአንድ ክልል ማህበራዊ፣
ኢኮኖሚያዊ እና ፖለቲካዊ እንቅስቃሴ ወስጥ
ያላቸው ድርሻ እና የሚያበረክቱት አስተዋፅኦ
ወሳኝ በመሆኑ፤

ጠንካራና ነፃነት ያለው፣ ወቅታዊ፣ አገናኝ እና
አስተማሪ የሆኑ መረጃዎችን ከሀገር ውስጥ እና
ከመላው አለም በብቃትና በጥራት በማሰባሰብ
ለህዝብ እና ለመንግሥት በስፋት የሚያስራጭ፣
እንዲሁም ህዝቡን ለልማት፣ ለዲሞክራሲያዊ
ሥርዓት ግንባታ እና ለሰላም የሚያነሳ የህዝብ
ሚዲያ ማቋቋም አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ;

Proclamation to Reestablish Oromia
Radio and Television organization
to Oromia Broadcasting Network of
Oromia Regional State Proclamation
No.208/2018

Whereas, the role and contribution
of public media is significant in the
social, economic and political activ-
ities of a region;

Whereas, it is found necessary to
establish an influential and inde-
pendent public media which gath-
ers current, entertaining and infor-
mative information from within the
country and the entire world in an
efficient and selective manner and
widely broadcasts to the public and
that mobilize the public for devel-
opment, building democratic sys-
tem and for peace;

Maqaa Oromiyaa Biroodkaastiingi Neetworkiin ittiin waamamuu fi loogoon itti fayyadamu hawaasa biratti addatti ittiin beekkamuu fi fudhata-ma qabu; akkasumas miidiyaa dorgo-maa ta'ee hundeessuun barbaachisaa waan ta'eef;

Aangoo fi hojii Oromiyaa Biroodkaastiingi Neetworkii haala guddina dhaabbatichi yeroo ammaa irra gahee jiru wajjiin akka walsimatu taasisuun akkaataa gahumsa, qulqullinaa fi bu'aa qabeessa ta'een sirnaan hojiirra oolchuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naanoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak.46/1994 keewwata 49(3) (a) tiin Labsiin kun labsameera.

Kutaa Tokko Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun “Labsii Hundeeffama Oromiyaa Biroodkaastiingi Neetworkii, Lak. 208/2010” jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiikaa

Akkaataan jechichaa hiikaa biroo kan kennisiisuuf yoo ta'ee malee, Labsii kana keessatti:-

- 1) **"Biroodkaastiingi Neetwork"** jechuun ummata barsiisuuf yookiin beeksisuu fi bashannansiisuuf tooftaa adda addaatiin odeeffannoo sassaabee, oduu-wwanii fi sagantaalee garagaraa qindeessuun tooftaa adda addaatiin tamsaasa sagalee, suur-sagalee, sagalee karaa Raadiyoo, Televizyini, weebaayitii, barruulee adda addaa, miidiyaa haaraa fi meeshaalee elektironiksii birootiin tamsaasu jechuudha.
- 2) **"Boordii"** jechuun Boordii Oromiyaa Biroodkaastiingi Neetworkii olaantummaadhaan bulchu jechuudha.

ኦሮሚያ ብሮድካስቲንግ ኔትዎርክ የሚጠራበት ስም እና የሚጠቀምበት አርማ በማስፈለግ ዘንድ ተለይቶ የሚታወቅበትና ተቀባይነት ያለው እንዲሆን ማድረግ፤ እንዲሁም ተወዳዳሪ ሚዲያ ማቋቋም በማስፈለግ፤

የድርጅቱን ሥልጣን እና ተግባር ድርጅቱ በአሁኑ ጊዜ ከደረሰበት ዕድገት ጋር እንዲጣጣም በማድረግ በብቃትና በጥራት እንዲሁም ውጤታማ በሆነ መንገድ ስራ ላይ ማዋል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ተሻሻሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ሕገ-መንግሥት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀፅ ፵፱ (፫) (ሀ) መሠረት ይህ አዋጅ ታውጋል፡፡

ክፍል አንድ ጠቅላላ ድንጋጌዎች

፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ “የኦሮሚያ ብሮድካስቲንግ ኔትዎርክ ማቋቋሚያ አዋጅ ቁጥር ፪፻፰/፪ሺ፯” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

፪. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያስጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

- ፩) **“ብሮድካስቲንግ ኔትዎርክ”** ማለት ህዝብን ለማስተማር ወይም ለማሳወቅ እና ለማዘናናት በተለያዩ ዘዴዎች መረጃ ሰብስቦ፤ የተለያዩ ዜናዎች እና ፕሮግራሞችን በማቀናጀት በተለያዩ ዘዴዎች የድምፅ፣ የቪዲዮ፣ በሬዲዮ ድምፅ፣ በቴሌቪዥን፣ በድህረ-ገፅ እና በተለያዩ መጽሔቶች፣ በአዲስ ሚዲያ እና በሌሎች ኤሌክትሮኒክስ መሳሪያዎች ስርጭት የሚያስራጭ ማለት ነው፡፡
- ፪) **“ቦርድ”** ማለት የኦሮሚያ ብሮድካስቲንግ ኔትዎርክን በበላይነት የሚመራ ቦርድ ማለት ነው፡፡

Whereas, it is necessary to make the name of Oromia Broadcasting Network and the emblem it uses to be by which it is specifically identified and deserve acceptance in the public; as well as to establish a competent media;

Whereas, it is found necessary to make the power and duties of the organization compatible with the present development it has attained and implement same efficiently and effectively;

Now therefore, in accordance with article 49 (3) (a) of the Revised Oromia Regional State Constitution No.46/2001, this Proclamation is hereby proclaimed.

Part One General Provisions

1. Short Title

This Proclamation may be cited as “Oromia Broadcasting Network Establishment Proclamation No 208/2018.”

2. Definitions

Unless the context requires otherwise, in this Proclamation:

- 1) **“Broadcasting Network”** means a network which collects information using various mechanisms and broadcasts by organizing various news and programs with different voice and audio-visual broadcasts through Radio, Television, Website, Different articles, New media and other electronics equipment so as to educate or to inform and entertain the public;
- 2) **“Board”** Means a board that chiefly administers Oromia Broadcasting Network.

- 3) **"Caffee"** jechuun bu'uura Heera Mootummaa Naannichaa Fooyya'ee Bahe, Keewwata 46 (1) tiin kan hundeeffame qaama seera baasaa Mootumaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
 - 4) **"Mootummaa"** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
 - 5) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha.
 - 6) **"OBN"** jechuun Oromiyaa Bi-roodkaastiingi Neetworkii jechuudha.
 - 7) **"Hojjetaa"** jechuun gaazeexessitoota, ogeeyyii teekinikaa, hojjetoota deeggarsaa, muudamtoota yookiin ittigaafatamtoota sadarkaan jiran jechuudha.
 - 8) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.
 - 9) **"Meeshaalee"** jechuun meeshaalee hojiin tamsaasaa OBN ittiin gaggeeffamu kanneen akka Raadiyoo, Televiziyiinii, Weebsaayitii, Miidiyaa Haaraa fi meeshaalee eleektironiksii fi kan biroo jechuudha.
 - 10) **"Miidiyaa Haaraa"** jechuun goosoota miidiyaa odeeffannoon itti tamsa'u hunda kan hammatu ta'ee sagalee, suur-sagalee, suuraa fi barreeffama bakka tokkootti meeshaa eleektironiksiin tamsaasa kallattii toora intarneetii irratti hundaa'e hawaasaaf odeeffannoo kan tamsaasuu jechuudha.
3. **Ibsa Koorniyaa**
Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

- ፫) **"ጨፌ"** ማለት ተሻሽሎ በወጣው በክልሉ ሕገ-መንግሥት አንቀፅ ፵፮ (፩) መሠረት የተቋቋመ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የህግ አውጪ አካል ማለት ነው።
 - ፬) **"መንግሥት"** ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ማለት ነው።
 - ፭) **"ክልል"** ማለት የኦሮሚያ ክልል ማለት ነው።
 - ፮) **"ኦብኔ"** ማለት የኦሮሚያ ብሮድካስቲንግ ኔትዎርክ ማለት ነው።
 - ፯) **"ሠራተኞች"** ማለት ጋዜጠኞች፣ የቴክኒክ ባለሙያዎች፣ የድጋፍ ሰጪ ሠራተኞች፣ ተሿሚዎች፣ ወይም በየደረጃው ያሉ ኃላፊዎች ማለት ነው።
 - ፰) **"ሰው"** ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም የሕግ ሰውነት የተሰጠው አካል ማለት ነው።
 - ፱) **"መሳሪያዎች"** ማለት የስርጭት ሥራ የሚካሄድበት መሳሪያ እንደ ሬዲዮ፣ ቴሌቪዥን፣ ድህረ-ገፅ፣ አዲስ ሚዲያ እና የኦብኔ ኤሌክትሮኒክስ መሳሪያዎችና ሌሎች ማለት ነው።
 - ፲) **"አዲስ ሚዲያ"** ማለት መረጃ የሚሰራጭበትን የሚዲያ ዓይነት ሁሉ የሚያካትት ሆኖ፣ በኤሌክትሮኒክስ መሳሪያ የድምጽ፣ የቪዲዮ፣ ምስል እና ጽሑፍን በአንድ ላይ ኢንተርኔት ላይ በመመስረት በቀጥታ ስርጭት ለህዝብ መረጃ የሚያስራጭ ማለት ነው።
- ፫. **የፆታ አገላለፅ**
በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው ሴትንም ይጨምራል።

- 3) **"Caffee"** Means Oromia Regional State Legislative Body established in accordance with article 46 (1) of the Revised Constitution of the Regional State.
- 4) **"State"** Means Oromia Regional State.
- 5) **"Region"** Means Oromia Region.
- 6) **"OBN"** Means Oromia Broadcasting Network.
- 7) **"Worker"** Means Journalists, Technical experts, Supporting Stuffs, Appointees or the heads found at each hierarchical level.
- 8) **"Person"** Means Natural or Juridical person.
- 9) **"Transmission equipment"** Means medium with which the broadcasting of OBN is performed such as Radio, Television, Website, New media and other electronic equipment of OBN.
- 10) **"New media"** Means a media which includes all types of media in which information is transmitted; and which transmits voice and audio visuals, photographs and writings together to the public using electronic equipment others depending on direct internet transmission.

3. Gender Reference

In this proclamation, any term described in masculine gender shall include feminine.

Kutaa Lama

Hundeeffama, Kaayyoo, Aangoo fi Hojii

4. Hundeeffamaa fi Itti Waamama

- 1) Oromiyaa Biroodkaastiingi Neetworkiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa kanaan booda “OBN” jedhamee kan waamamu mana hojii mootummaa of danda'e ta'ee Labsii kanaan hundeeffameera.
- 2) Itti waamamni OBN Caffee ta'a.

5. Teessoo

Teessoo Olaanaan OBN magaalaa Finfinnee ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti Godinaalee fi Magaalota Naannoo Oromiyaa, naannoolee biroo fi biyyaa alaatti damee qabaachuu ni danda'a.

6. Kaayyoo

OBN kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

- 1) Heera Mootummaa Federaalaa fi Naannoo Oromiyaa; akkasumas, imaammatoota fi seerota biroo irratti hunda'uudhaan ummatiichi yaada ofii bilisummaan akka ibsu jajjabeessuu;
- 2) Ummanni naannichaa odeeffannoo sirrii fi wayitaawaa ta'e karaa gahumsa, qulqullina fi bu'aa qabeessa ta'een dhiyeenyaan akka argatu haala mijataa uumuu;
- 3) Dhimmoota gurguddoo biyyaaleessaa fi naannoo irratti waliigalteen biyyaaleessaa akka uumamuuf hojjechuu;
- 4) Sochiilee diinagdee, siyaasaa fi hawaasummaa keessatti aadaan diimokraasii akka dagaagu jajjabeessuu; fi
- 5) Aadaa, seenaa fi Afaan Oromoo guddisuuf hojjechuudha.

ክፍል ሁለት

መቋቋም፣ አላማ፣ ሥልጣን እና ተግባር

፬. መቋቋም እና ተጠሪነት

- ፩) የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የኦሮሚያ ብሮድካስቲንግ ኔትዎርክ ከዚህ በኋላ “ኦብኔ” ተብሎ የሚጠራ እራሱን የቻለ የመንግሥት መሥሪያ ቤት ሆኖ በዚህ አዋጅ ተቋቁሟል፤
- ፪) የኦብኔ ተጠሪነት ለጨፌ ይሆናል፡፡

፭. አድራሻ

የኦብኔ ዋና ጽሕፈት ቤት ፊንፊኔ ከተማ ሆኖ እንደ አስፈላጊነቱ በኦሮሚያ ክልል ዞኖችና ከተሞች፣ በሌሎች ክልሎች እና በውጭ ሀገርም ቅርንጫፍ ሊኖረው ይችላል፡፡

፮. ዓላማ

ኦብኔ የሚከተሉት ዓላማዎች ይኖሩታል፡-

- ፩) የፌዴራል እና የኦሮሚያ ክልል ሕገ-መንግሥት፣ እንዲሁም በፖሊሲዎች እና ሌሎች ሕጎች ላይ በመመስረት ህዝቡ ሐሳቡን በነፃነት እንዲገልጽ ማበረታታት፤
- ፪) የክልሉ ሕዝብ ትክክለኛ እና ወቅታዊ የሆነ መረጃን ብቃት እና ጥራት ባለው መንገድ በቅርበት እንዲያገኝ ምቹ ሁኔታን መፍጠር፤
- ፫) በሀገራዊ እና ክልላዊ አንኳር ጉዳዮች ላይ ሀገራዊ ስምምነት እንዲፈጠር መሥራት፤
- ፬) በኢኮኖሚያዊ፣ ፖለቲካዊ እና ማህበራዊ እንቅስቃሴዎች ውስጥ የዲሞክራሲ ባህል እንዲዳብር ማበረታታት፤ እና
- ፭) የኦሮሞን ባህል፣ ታሪክ እና ቋንቋ ለማሳደግ መሥራት ነው፡፡

Part Two

Establishment, Objective, Power and Duties

4. Establishment and Accountability

- 1) Oromia Broadcasting Network of Oromia Regional State, hereinafter called “OBN” is hereby established as an autonomous government institution;
- 2) Accountability of the OBN shall be to the “Caffee”.

5. Address

Address of the head office of OBN shall be in Finfine city; and may have branches at different parts of Oromia Region, in other Regions and in foreign countries as deemed necessary.

6. Objective

OBN shall have the following objectives:

- 1) Encouraging the people to express its views freely based on the Federal and Regional constitutions as well as policies and other laws;
- 2) Creating conducive situation to enable people of the region to easily acquire genuine and current information in an efficient and qualitative way;
- 3) Working for the creation of national consensus on major national and Regional issues;
- 4) Encouraging the enhancement of democratic culture in the economic, political and social activities;
- 5) Working to develop the Oromo culture, history and language.

7. Aangoo fi Hojii

OBN aangoo fi hojii armaan ga-dii ni qabaata:

- 1) Ummata naannichaa, naannolee fi biyya alaatiif bu'aa kan buusan oduu fi odeeffannoowwan adda addaa Raadiyoo, Televizyini, Miidiyaa Haaraa, Weebsaayitii fi kanneen birootiin Afaan Oromoo fi Afaanoota biyya keessaa fi biyya alaa adda addaatiin ni tamsaasa.
- 2) Sagantaalee, oduu fi odeeffannoowwan barsiisuu fi bashannansiisuun ummata misoomaaf, bulchiinsa gaarii fi ijaarsa sirna dimokraasiitiif kakaasan ni dhiyeessa; imaammattoota, tarsii-moowwanii fi seerota mootummaa ummata ni beeksisa.
- 3) Ummatichi yaada akka waljijjiiru, akka mari'atu, yaada isaa akka kennuu fi waliigaltee biyyaalessaa irra akka gahuuf waltajjiwwan miidiyaa mijataa ni uuma.
- 4) Ummata naannichaa waa'ee mirga namoomaa fi diimookraasii irratti hubannoo isaa gabbisuuf kan gargaaran qophiilee adda addaa muuxannoowwan isaa wajjiin walsimsiisee ni dhiyeessa.
- 5) Yaadaa fi odeeffannoowwan bilisaa ummata irraa fudhatee ni keessummeessa; qaamoolee dhimmichi ilaalu gaafachuun ni qulqulleessa; bu'aa isaa deebisee ummataaf ni ibsa; sagalee ummataa ta'ee ni tajaajila.
- 6) Dhimmoota diinagdee, siyaasaa fi hawaasummaa wayitaawaa hordofee ni gabaasa.
- 7) Raadiyoo, televizynii fi miidiyaa haaraatti fayyadamuun tajaajila beeksisaa ni kenna.

፯. ሥልጣን እና ተግባር

ኦብኔ የሚከተሉት ሥልጣን እና ተግባራት ይኖረዋል፡-

- ሐ) ለክልሉ ህዝብ፣ ለክልሎችና ለውጭ ሀገር ጠቀሜታ ያላቸው የተለያዩ ዜና እና መረጃዎችን በሬዲዮ፣ በቴሌቪዥን፣ በኢንተርኔት፣ በጥቅርታና በሌሎች መንገዶች በአፋን ኦሮሞ እና በተለያዩ የሀገር ውስጥ እና ውጭ ሀገር ቋንቋዎች ያስራጫል፤
- ከ) አስተማሪ እና አዝናኝ የሆኑ፣ ህዝብን ለልማት፣ ለመልካም አስተዳደር እና ለዲሞክራሲ ሥርዓት ግንባታ የሚያነሳሱ ፕሮግራሞች፣ ዜና እና መረጃዎችን ያቀርባል፡፡ የመንግሥት ፖሊሲዎች ስትራቴጂዎች እና ሕጎችን ለህዝብ ያሳውቃል፤
- ለ) ህዝቡ ሐሳብ እንዲለወጥ፣ እንዲወያይ፣ ሐሳቡን እንዲሰጥ እና ሀገራዊ ስምምነት ላይ እንዲደርስ ምቹ የሚዲያ መድረኮች ይፈጥራል፤
- ሐ) የክልሉን ህዝብ በሰብዓዊ እና ዲሞክራሲያዊ መብት ላይ ግንዛቤውን ለማጠናከር የሚረዱ የተለያዩ ዝግጅቶችን ከልምዱ ጋር ማጣጣም ያቀርባል፤
- ሐ) ነፃ ሐሳብ እና መረጃዎችን ከህዝብ በመውሰድ ያስተናግዳል፤ ጉዳዩ የሚመለከተውን አካል በመጠየቅ ያጣራል፤ ውጤቱን መልሶ ለህዝብ ይገልጻል፤ የህዝብ ድምጽ በመሆን ያገለግላል፤
- ሐ) የኢኮኖሚያዊ ፖለቲካዊ እና ማህበራዊ ወቅታዊ ጉዳዮችን ተከታትሎ ሪፖርት ያደርጋል፤
- ሐ) ሬዲዮ፣ ቴሌቪዥንና ኢንተርኔት ሚዲያ በመጠቀም የማስታወቂያ አገልግሎት ይሰጣል፤

7. Power and Duties

OBN shall have the following power and duties:

- 1) Broadcast various news and information having importance for the people of the region, other regions and foreign countries with Radio, Television, Website, New media and others in Afan Oromo and other various domestic and foreign languages;
- 2) Present programs, news and information which mobilize the public for development, good governance and building of democratic system through informing and entertaining it; notify the policies, strategies and state laws to the public;
- 3) Create favorable media forums to enable the people to exchange ideas, discuss, forward its views and there by attain at national consensus;
- 4) Present various programs which help people of the region enrich its awareness on human and democratic rights by conforming with its experiences;
- 5) Accept and treat free views and information from the public; identify same from the concerned bodies; and disclose its result to the people; serve as speaker of the people;
- 6) Search for and report current economic, political and social issues;
- 7) Provide advertising or promotion services using Radio, Television and New Media;

- | | | |
|--|---|--|
| <p>8) Hojichaaf barbaachisaa kan ta'an tajaajila sagantaalee Raadiyoo, Televizyiinii, Miidiyaa Haaraa fi Weebsaayitii kan qindeessuu fi tamsaasu, oduu fi odeeffannoo kan dabarsu, akkasumas, tajaajiloota kanneen barbaachisaniif kan oolan hojiilee ijaarsa dandeettii ni hojjeta; naannolee fi biyya alaa dabalatee bakka barbaachisutti meeshaalee tamsaasaa ni dhaaba; damee ni banata; ni hundeessa; ni gurmeessa; ni bulcha; ni to'ata; meeshaalee adda addaa gatii madaalwaan ni kireessa.</p> <p>9) Dhaabbilee yookiin qaamolee adda addaatiif tajaajila teekinikaa, suphaa fi leenjii ni kenna; tajaajila kennuuf kaffaltii walgitu ni kaffalchiisa; akka barbaachisummaa isaatti walakkeessaan yookiin guutummaatti kaffaltii malee tajaajila kennuu ni danda'a.</p> <p>10) Seera irratti hundaa'uudhaan dhaabbilee biyya keessaa fi biyya alaa wajjiin odeeffannoowwan, oduuwwan, leenjii fi muuxannoo wal-jijjiiruuf kan gargaaru qunnamtii hojii ni uuma.</p> <p>11) Dhaabbilee biyya keessaa fi biyya alaa jiranii fi ogummaa teekinikaa dhaabbatichaa gabbisuuf gargaarsa gochuuf fedhii qaban wajjiin imaammataa fi seerota naannoo fi biyyaa irratti hundaa'uudhaan waliin ni hojjeta.</p> <p>12) Raadiyoon, Televizyiiniin, Miidiyaa Haaraanii fi Weebsaayitiin haala itti babl'achuu danda'anii fi teeknoloojii fooyya'aan itti gurmaa'u, tajaajila gahumsaa fi qullullina qabu haala itti kennuu danda'u qoratee Boordiif yaada ni dhiyeessa; yammuu hayyamu hojii irra ni olcha.</p> <p>13) Qabeenya ni horata; waliigaltee ni gala; ni himata; ni himatama.</p> | <p>፩) ለሥራው አስፈላጊ የሆኑ የሬዲዮ፣ የቴሌቪዥን፣ የአዲስ ሚዲያ እና የድህረ-ገጽ ፕሮግራሞች አገልግሎት የሚያቀናጅ እና የሚያስራጭ ዜና እና መረጃን የሚያስተላልፍ እንዲሁም ለእነዚህ አገልግሎቶች የሚውሉ የአቅም ግንባታ ሥራዎችን ይሠራል፤ የአጎራባች ክልሎችን ጨምሮ ድርጅት እና መሳሪያዎችን አስፈላጊ በሆነ ቦታ ይመስርታል፤ ያቋቁማል፤ ያደራጃል፤ ያስተዳድራል፤ ይቆጣጠራል፤ የተለያዩ መሳሪያዎችን በተመጣጣኝ ዋጋ ያከራያል፤</p> <p>፪) ለተለያዩ ድርጅቶች ወይም አካላት የቴክኒክ የጥገና እና የሥልጠና አገልግሎት ይሰጣል፤ ለሚሰጠው አገልግሎት ተመጣጣኝ ክፍያ ያስከፍላል፤ እንደ አስፈላጊነቱ በግማሽ ወይም በሙሉ ያለ ክፍያ አገልግሎት ሊሰጥ ይችላል፤</p> <p>፫) በሕግ ላይ በመመስረት ከሀገር ውስጥ እና ውጭ ሀገር ድርጅቶች ጋር መረጃዎች፣ ዜናዎች፣ ሥልጠና እና ልምድ ለመለዋወጥ የሚያስችል የሥራ ግንኙነት ይፈጥራል፤</p> <p>፬) በሀገር ውስጥና በውጭ ሀገር የሚገኙ እና የድርጅቱን ቴክኒካዊ ሙያ ለማጠናከር ለመርዳት ፈቃደኛ ከሆኑ አካላት ጋር በክልል እና በሀገሪቷ ፖሊሲ እና ሕጎች ላይ በመመስረት አብሮ ይሰራል፤</p> <p>፭) ሬዲዮ፣ቴሌቪዥን፣ ድህረ-ገጽ እና አዲስ ሚዲያ የሚስፋፋበት እና በተሻለ ቴክኖሎጂ የሚደራጅበትን ሁኔታ፣ ብቃት እና ጥራት ያለው አገልግሎት የሚሰጥበትን ሁኔታ በማጥናት ለቦርዱ ሐሳብ ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፤</p> <p>፮) ንብረት ያፈራራል፤ ስምምነት ይፈፅማል፤ ይከሳል ይከሰሳል፤</p> | <p>8) Work capacity building of those essential for organizing and broadcasting Radio, Television, New media and Website services; transmit news and information as well as those to be used for necessary services; install and establish the organization and equipment where necessary including neighboring regions, organize; administer and supervise same; rents various equipment with fair price;</p> <p>9) Provide technical, maintenance and training services for various organizations or bodies; collect equitable fee for the service it provides; may provide service in part or in whole without payment as deemed necessary;</p> <p>10) Create work relationships with domestic and foreign organizations that help to exchange information, news, trainings and experiences in accordance with the law;</p> <p>11) Work with domestic and foreign organizations interested to support for the advancement of the technical skill of the organization on the basis of the policies and laws of the region and country;</p> <p>12) Undertake study on how the Radio, Television, new media and Website be expanded and better technology be organized and thereby an efficient and quality service be provided and propose ideas or views to the Board; implement same up on approval;</p> <p>13) Own property; enter in to contracts; sue and be sued;</p> |
|--|---|--|

- 14) Guddina miidiyaan addunyaa irra gahaa jiru waliin deemuu kan danda'u loogoo, mootoo, biiraandingii yookiin mallattoo addatti ittiin beekamu yeroo yeroon qorachiisuun, boordiitti dhiyeessuun mirkaneessisee hojjiirra ni oolcha.
- 15) Aangoo fi hojii seeraan kennameef hojiirra oolchuuf yookiin kaayyoo isaa galmaan gahuuf hojiiwwan barbaachisan kan biraa ni raawwata.

Kutaa Sadii

Gurmaa'insaa fi Bulchiinsa

8. Gurmaa'insa

OBN gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:

- 1) Boordii;
- 2) Daareektara Olaanaa;
- 3) Itti Aantota Daareektara Olaanaa;
- 4) Qindeessitoota Muummeewwanii fi Dameewwanii;
- 5) Hojjetoota.

9. Hundeeffama, Ittiwaamamaa fi Bara Hojii Boordii

- 1) Boordiin Oromiyaa Biroodkaastiing Neetworkii kanaan booda "Boordii" jedhamee waamamu qaama olaanaa OBN ta'ee Labsii kanaan hundeeffamee jira.
- 2) Itti waamamni Boordichaa Caffee ta'a.
- 3) Barri hojii Boordichaa waggaa shan ta'a.

10. Miseensota Boordichaa

- 1) OBN miseensoota Boordii namoota sagal hin caalleen kan gaggeeffamu ta'a.
- 2) Walittiqaabaanii fi miseensonni Boordichaa qaamolee Mootummaa fi kutaalee hawaasaa adda addaa keessaa kan filataman ta'ee, Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin dhiyaatanii Caffeen muudamu. Tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 3) Daareektarri Olaanaan OBN miseensaa fi barreessaa Boordichaati.

፲፬) የአለም ሚዲያ እየደረሰበት ካለው ዕድገት ጋር ሊሄድ የሚችል አርማ፣ መርህ-ቃል፣ ብራንድ ወይም ተለይቶ የሚታወቅበትን ምልክት በየጊዜው በማስጠናት ለቦርድ አቅርቦ በማፀደቅ ሥራ ላይ ያውላል፤

፲፭) በሕግ የተሰጠውን ሥልጣን እና ተግባር ሥራ ላይ ለማዋል ወይም ዓላማውን ለማሳካት የሚረዱ ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል፡፡

ክፍል ሦስት

አደረጃጀት እና አስተዳደር

፰. አደረጃጀት

ኦብኔ የሚከተለው አደረጃጀት ይኖረዋል፡-

- ሐ) ቦርድ፤
- ከ) ዋና ዳይሬክተር፤
- ተ) ምክትል ዋና ዳይሬክተሮች፤
- ሸ) የዲፓርትመንት፣ የክልሎች እና የዞኖች አስተባባሪዎች፤
- ሮ) ሌሎች ሠራተኞች፡፡

፱. የቦርዱ መቋቋም፣ ተጠሪነት እና የሥራ ዘመን

- ሐ) የአሮሚያ ብርድካስቲንግ ኔትዎርክ ከዚህ በኋላ ቦርድ ተብሎ የሚጠራ የኦብኔ የበላይ አካል ሆኖ በዚህ አዋጅ ተቋቁሟል፤
- ከ) የቦርዱ ተጠሪነት ለጨፌ ይሆናል፤
- ተ) የቦርዱ የስራ ዘመን አምስት ዓመት ይሆናል፡፡

፲. የቦርድ አባላት

- ሐ) ኦብኔ ከዘጠኝ ሰዎች በማይበልጥ የቦርድ አባላት የሚመራ ይሆናል፤
- ከ) የቦርዱ ሰብሳቢ እና አባላት ከመንግሥት አካላት እና ከተለያዩ የሕብረተሰብ ክፍሎች የሚመረጡ ሆኖ፣ በአሮሚያ ክልል ፕሬዝዳንት ቀርበው በጨፌ ይሾማሉ፤ ዝርዝሩ በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤
- ተ) የኦብኔ ዋና ዳይሬክተር የቦርዱ አባል እና ጸሐፊ ነው፡፡

- 14) Cause the study of Emblem, Bill-board, Branding or its identifying mark which is compatible with the present development of world media from time to time and submit to the Board for approval and implement same up on approval;
- 15) Perform other necessary activities which help to implement its power and duties or attain its objectives.

Part Three

Organization and Administration

8. Organization

OBN shall have the following Organization:

- 1) Board;
- 2) Director General;
- 3) Deputy Director Generals;
- 4) Coordinators of Departments and Branches;
- 5) Other stuffs.

9. Establishment and Accountability of the Board

- 1) Board of Oromia Broadcasting Network here in after called "Board" is hereby established as the higher organ of OBN;
- 2) Accountability of the Board shall be to the "Caffee".
- 3) Term of office of the Board shall be five years.

10. Members of the Board

- 1) OBN shall be managed by the Board members consisting of not more than nine persons;
- 2) The chair person and Board members shall be selected among the Government organs and various sections of the society; and shall be nominated by the President of Oromia Regional State and appointed by the "Caffee". Its particulars shall be determined by the regulation to be issued;
- 3) Director General of OBN shall be member and secretary of the Board.

11. Aangoo fi Hojii Boordii

Boordiin OBN aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Imaammatoonni, seeronni, dam-biiwwanii fi qajeelfamoonni mi-idiyaa ilaallatan OBN'iin hojiirra oolchuu isaanii ni mirkaneessa.
- 2) Imaammattootaa fi seerota mootummaan baasee fi umma-ticha biratti beekamuu qaban meeshaalee miidiyaa OBN'tiin yeroodhaan darbuu isaanii ni hordofa.
- 3) Ummanni tajaajila OBN ken-nu irraa hammam fayyadamaa akka ta'e ni gamaaggama; haala caalmaan tajaajilamaa itti ta'us sakatta'uudhaan hojii irra ool-maa isaatiif qajeelfama ni ken-na; kallattiilee barbaachisanis ni kaa'a.
- 4) Hojiiwwan OBN Labsii kana ir-ratti hundaa'uudhaan raawwatu ilaalchisee komii ummata irraa dhiyaataniif ibsi barbaachisaa ta'e akka kennamu ni taasisa; akka barbaachisummaa isaattis komii dhiyaatan qoratee murtii ni kenna; ummataaf akka dhi-yaatu ni taasisa.
- 5) OBN sabaaf fi sab-lammoota, koornayaa, amantaa fi ilaalcha siyaasaa gidduutti garaagartum-maa osoo hin uumin lammiilee hundaaf odeeffannoo madaala-waa ta'e kennuu isaa ni to'ata.
- 6) Qabiyyee waliigalaa, oduuwwan, sagantaalee, barreeffamootaa fi gabaasota biroo meeshaalee mi-idiyaa naannichaa ni gamaag-gama; haala fooyya'iinsa isaanii irratti qajeelfama ni kenna.
- 7) Qacarrii, sadarkaa, mindaa fi faayidaa gaazexeessitoota, ogees-sota teeknikaa fi hojjettoota deeg-garsaa ilaalchisee ni murteessa; qajeelfamaa fi maanuwaalii bulchiinsa hojjettootaa qophaa'ee dhiyaatuuf ni mirkaneessa; hojii irra akka oolus ni taasisa.

፲፩. የቦርድ ሥልጣን እና ተግባር

የኦብኔ ቦርድ የሚከተሉት ሥልጣን እና ተግባራት ይኖረዋል፡-

- ፩) ሚዲያን የሚመለከቱ ፖሊሲዎች፣ ሕጎች ደንቦች እና መመሪያዎች በኦብኔ ሥራ ላይ መዋላቸውን ያረጋግጣል፤
- ፪) መንግሥት ያወጣቸውን እና በህዝብ ዘንድ መታወቅ ያለባቸውን ፖሊሲዎች እና ሕጎች በኦብኔ ሚዲያ መሳሪያዎች በወቅቱ መተላለፋቸውን ይከታተላል፤
- ፫) ህዝቡ ኦብኔ ከሚሰጠው አገልግሎት ምን ያህል ተጠቃሚ እንደሆነ ይገመግማል፤ የበለጠ ተጠቃሚ የሚሆንበትን ሁኔታም በመፈተሽ ለተፈጻሚነቱ መመሪያ ይሰጣል፤ አስፈላጊ አቅጣጫዎችንም ያስቀምጣል፤
- ፬) በዚህ አንቀፅ ላይ በመመስረት ኦብኔ የሚፈፅማቸው ተግባራት አስመልክቶ ከህዝብ ለሚቀርብ ቅሬታ አስፈላጊውን ማብራሪያ እንዲሰጠው ያደርጋል፤ የሚቀርቡትን ቅሬታዎችም እንደ አስፈላጊነቱ መርምሮ ውሳኔ ይሰጣል፤ ለህዝብ እንዲቀርብ ያደርጋል፤
- ፭) ኦብኔ በብሔር-ብሔረሰብ፣ በፆታ፣ በሀይማኖት እና ፖለቲካ አመለካከት ልዩነት ሳይፈጥር ለሁሉም ዜጎች ተገቢውን መረጃ መስጠቱን ይከታተላል፤
- ፮) የክልሉን የሚዲያ መሳሪያዎች፣ ዜናዎች፣ ፕሮግራሞች እና ጽሑፎች አጠቃላይ ይዘት እና ሌሎች ሪፖርቶችን ይገመግማል፤ በሚሻሻሉበት ሁኔታ ላይ መመሪያ ይሰጣል፤
- ፯) የጋዜጠኞች፣ የቴክኒክ ባለሙያዎች እና የድጋፍ ሰጪ ሠራተኞች ቅጥር፣ ደረጃ፣ ደመወዝ እና ጥቅማ ጥቅም አስመልክቶ ይወስናል፤ የተዘጋጀውን የሠራተኞች አስተዳደር መመሪያና ማኅዋል ያጸድቃል፤ ሥራ ላይ አንዲውልም ያደርጋል፤

11. Power and Duties of the Board

Board of OBN shall have the following Power and duties:

- 1) Ensure the implementation of Policies, Laws, Regulations and Directives concerning media by OBN;
- 2) Follow up that the Policies and Laws enacted by the Govern-ment that shall be known by the public to be transmitted by OBN media transmitters time-ly;
- 3) Evaluate as to how much the public has benefited from the service that OBN provides; search and identify the ways to better benefit the public and give direction of its implemen-tation; put necessary directions;
- 4) Cause necessary explanation be provided for the complaints of the public regarding the du-ties performed by OBN based on this Proclamation; examine and decide on the complaints submitted as necessary; cause same to be presented to the public;
- 5) Supervise that OBN provides fair information to all citizens without discrimination on the basis of nations and nationali-ties, gender, religion and polit-ical view;
- 6) Evaluate the general contents of news, programs, articles and other reports of the Regional state media; give direction on the mechanisms of their im-provements;
- 7) Decide on the employment, level, salary and benefits of the journalists, technicians and supporting staffs; approve the prepared performance and manual of the workers admin-istration; cause it to be imple-mented;

- 8) Gurmaa'ina caasaa OBN gamaaggamee ni mirkaneessa; akka hojii irra oolus qajeelfama ni kenna.
- 9) Baajata kaappitaalaa fi idilee, karoora yeroo gabaabaa, giddu galeessaa fi dheeraa qophaa'ee dhiyaatuuf qoratee Caffee akka dhiyaatu ni taasisa; yammuu ragga'u raawwii isaanii ni hordofa; ni qorata.
- 10) OBN baajata mootummaa fi galii keessaa irra ramadameef sirriitti hojii irra oolchuu isaa ni hordofa; ni to'ata.
- 11) Haala OBN itti cimuu danda'uu fi hojimaanni isaa itti foyya'uu danda'u ni mijeessa.
- 12) Itti Aantota Daareektara Olaanaa ni muuda; filannoo fi ramaddii qaamolee Itti Aantota Daareektara Olaanaa ni murteessa.
- 13) Dhimmoota imaammata OBN ilaallatan kan biroo irratti marii ni gaggeessa; ni murteessa.
- 14) Raawwii hojii OBN ilaalchisee Caffee gabaasa ni dhiyeessa.
- 15) OBN guddina miidiyaan addunyaa irra gahaa jiru waliin deemuu kan danda'u loogoo, mootoo, biiraandingii yookiin mallattoo addatti ittiin beekamu yeroo yeroon qoratamee dhiyaatuuf ilaaluun ni mirkaneessa; hojiirra akka oolus ni taasisa.

12. Sirna Walgahii Boordichaa

- 1) Boordiin yoo xiqqaate ji'atti al tokko walgahii idilee ni qabaata.
- 2) Keewwata kana, Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame yoo jiraateyyuu dhimmi ariifachiisaan yoo qunname walitti qabaa Boordichaatiin yookiin miseensota Boordichaa harka sadi keessaa tokko yoo gaafatan yeroo kamiyyuu walgahii ariifachiisaa gaggessuun ni danda'ama.

- ፩) የኦብኔን የአደረጃጀት መዋቅር ገምግሞ ያፀድቃል፤ ሥራ ላይ እንዲውልም መመሪያ ይሰጣል፤
- ፪) ተዘጋጅቶ የሚቀርብለትን የካፒታል እና መደበኛ በጀት የአጭር፣ የመካከለኛ እና ረጅም ጊዜ ዕቅድ ገምግሞ ለጨፌ እንዲቀርብ ያደርጋል፡፡ ሲፀድቅም አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ ይገመግማል፡፡
- ፫) ኦብኔ ከመንግሥት እና ከውስጥ ገቢ የተመደበለትን በጀት በትክክል ስራ ላይ ማዋሉን ይቆጣጠራል፤ ይከታተላል፤
- ፬) ኦብኔ የሚጠነክርበት እና አሠራሩ ሊሻሻል የሚችልበትን ሁኔታ ያመቻቻል፤
- ፭) ምክትል ዋና ዳይሬክተሮችን ይሾማል፤ የምክትል ዋና ዳይሬክተሮች አካላት ምርጫ እና ምደባን ይወስናል፤
- ፮) የኦብኔን ፖሊሲ በሚመለከቱ ሌሎች ጉዳዮች ላይ ውይይት ያካሂዳል፤ ይወስናል፤
- ፯) የኦብኔን የስራ ዕፈጻጸም በተመለከተ ለጨፌ ሪፖርት ያቀርባል፤
- ፲) ኦብኔ የአለም ሚዲያ እየደረሰበት ካለው ዕድገት ጋር መሄድ የሚችል አርማ፣ መርህ-ቃል፣ ብራንድ ወይም ተለይቶ የሚታወቅበትን ምልክት በየጊዜው እያስጠና የሚያቀርበውን በማየት ያፀድቃል፤ ሥራ ላይ እንዲውልም ያደርጋል፡፡

፲፪. የቦርዱ የስብሰባ ሥነ-ስርዓት

- ፩) ቦርዱ ቢያንስ በወር አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ ይኖረዋል፤
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ሥር የተደነገገው ቢኖርም አስቸኳይ ጉዳይ ካጋጠመ በቦርዱ ስብሰባ ወይም የቦርዱ አባላት አንድ ሦስተኛቸው ከጠየቁ በማንኛውም ጊዜ አስቸኳይ ስብሰባ ሊያካሄድ ይችላል፤

- 8) Review and approve the structure of OBN; give direction to be implemented;
- 9) Study and prepare the capital and regular budget; short, middle and long term plan and submit to the “Caffee”; follow up its implementation upon approval;
- 10) Control and follow up that OBN properly utilized or implemented the budget allocated to it by the Government and from internal sources;
- 11) Facilitate the ways as to how OBN be strengthened and its working system be improved;
- 12) Appoint Deputy General Directors; determine the selection and assignment of Deputy General Directors;
- 13) Conduct discussion on other policy issues which concern OBN; decide same;
- 14) Deliver work performance reports of OBN to the “Caffee” of Oromia Regional State;
- 15) Examine and approve the emblem, Moto, Brand or identifying mark compatible with the present developments of world media to be studied and submitted to it by OBN time to time; cause it to be implemented.

12. Meeting Procedures of the Board

- 1) The Board shall have regular meeting at least once in a month;
- 2) Notwithstanding to the provision under sub article 1 of this article, an urgent meeting shall be held at any time where there encounter issue of urgency and requested so by the chairperson of the Board or one third of the Board members;

- 3) Walgahichi guutuu kan ta'u mi-seensota Boordichaa keessaa walakkaa ol yoo argamaniidha.
- 4) Murtiin kan darbu sagalee caa-lamaadhaan ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walit-ti qabaan deeggarama murtii Boordichaa ta'a.
- 5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1)-(4) jalatti kan tuma-me jiraatulle Boordiin sirna walgahii fi hojimaata isaa ilaal-chisee Qajeelfama baasuu ni danda'a.

13. Muudamaa fi Ittiwaamama Daarektara Ol'aanaa fi Itti Aantota Daarektara Ol'aanaa

- 1) Daareektarri Olaanaan OBN Pirezidaantii Mootummaa Naan-noo Oromiyaatiin dhiyaatee Caffeedhaan kan muudamu ta'a.
- 2) Itti Aantonni Daarektara Olaa-naa, Daareektara Olaanaan dhi-yaatanii Boordiin ni muudamu.
- 3) Itti waamamni Daareektara Ol'aanaa Caffee ta'a.
- 4) Itti waamamni Itti Aantota Daarektara Ol'aanaa, Daareek-tara Ol'aanaaf ta'a.

14. Aangoo fi Hojii Daareektara Ol'aanaa

- Daareektarri Olaanaan OBN aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
- 1) Seeraa fi hojimaata jiru irratti hundaa'udhaan OBN' ni hogga-na; ni bulcha.
 - 2) Aangoo fi hojii OBN'f Labsii kana keewwata 7 jalatti kenname hojii irra ni oolcha.
 - 3) Hojiiwwan idilee OBN olaan-tummaan ni qajeelcha; ni to'ata.
 - 4) Muummeewwanii fi Dameew-wan OBN'f barbaachisan ni gur-meessa.
 - 5) Itti Aantota Daareektara Olaa-naa OBN Boordiif dhiyessee akka muudaman ni taasisa.

፫) የስብሰባው ምልዐተ-ጉባኤ የተሟላ የሚሆነው ከቦርድ አባላት ውስጥ ከግማሽ በላይ ከተገኙ ነው፤

፬) ውሳኔ የሚተላለፈው በአብላጫ ድምጽ ሆኖ ድምጽ እኩል ከሆነ በስብሰባው የተደገፈው ሐሳብ የቦርዱ ውሳኔ ይሆናል፤

፭) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩-፬ ሥር የተደነገገው ቢኖርም ቦርዱ የራሱን የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት እና አሠራር በተመለከተ መመሪያ ሊያወጣ ይችላል፡፡

፲፫. የዋና ዳይሬክተር እና የምክትል ዋና ዳይሬክተሮች ሹመት እና ተጠሪነት

፩) የኦብኔ ዋና ዳይሬክተር በክልሉ ፕሬዝዳንት ቀርቦ በጨፌ የሚሾም ይሆናል፤

፪) ምክትል ዋና ዳይሬክተሮች በዋና ዳይሬክተሩ ቀርበው በቦርዱ ይሾማሉ፤

፫) የዋና ዳይሬክተር ተጠሪነት ለጨፌ ይሆናል፤

፬) የምክትል ዋና ዳይሬክተሮች ተጠሪነት ለዋና ዳይሬክተር ይሆናል፤

፲፬. የዋና ዳይሬክተር ሥልጣን እና ተግባር

የኦብኔ ዋና ዳይሬክተር የሚከተሉት ሥልጣን እና ተግባራት ይኖረዋል፡-

፩) ባለው ሕግ እና አሠራር ላይ በመመሥረት ኦብኔን ይመራል፤ ያስተዳድራል፤

፪) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፯ መሠረት ለኦብኔ የተሰጡትን ሥልጣን እና ተግባራት ሥራ ላይ ያውላል፤

፫) የኦብኔን መደበኛ ተግባራት በበላይነት ይመራል፤ ይቆጣጠራል፤

፬) ለኦብኔ የሚያስፈልጉትን ዲፓርትመንቶችና ቅርንጫፎች ያደራጃል፤

፭) ምክትል ዋና ዳይሬክተሮችን ለቦርድ አቅርቦ እንዲሾሙ ያደርጋል፤

3) It shall be quorum where more than half of the Board members are present;

4) The decision shall be passed by the majority votes; and the chairperson shall have casting vote in case of tie;

5) Notwithstanding to the provision under sub article 1-4 of this article, the Board may issue directive regarding meeting procedure and its operation.

13. Appointment and Accountability of Director General and Deputy Director Generals

1) The General Director of OBN shall be nominated by the President of Oromia Regional State and appointed by the “Caffee”;

2) The Deputy Directors General shall be nominated by the General Director and appointed by the Board;

3) Director General shall be accountable to the “Caffee”;

4) The Deputy Director Generals shall be accountable to the General Director.

14. Power and Duties of the Director General

Director General of OBN shall have the following power and duties:

1) Manage and Administer OBN depending on the law and practice;

2) Enforce the power and duties given to OBN under article 7 of this Proclamation ;

3) Chiefly direct and control the regular duties of OBN;

4) Organize Principal Departments and Branches necessary for OBN;

5) Summit the nominees of Deputy General Directors of OBN to the Board to be appointed;

- 6) Seera jiru irratti hundaa'uun hojjettoota ni qacara; ni bulcha; hojiirraa ni gaggeessa.
- 7) Wixinee baajataa fi karoora yeroo gabaabaa, giddugaleessaa fi dheeraa qopheessee Boordii fi Caffeeff dhiyeessuudhaan yammuu hayyamamuuf hojiirra ni oolcha.
- 8) OBN bakka bu'uudhaan qaama sadaffaa wajjin qunnamtii hojii ni taasisa.
- 9) Sochii hojiiwwan OBN ilaalchisee gabaasa yeroo yeroon Boordii fi Caffeeff ni dhiyeessa.
- 10) Adeemsa hojii ariifachiisuuf jecha akka barbaachisummaa isaatti gahee hojii isaa irraa qoodee Itti Aantota yookiin ittigaafatamtoota kutaalee isa jala jiraniif kennuu ni danda'a.
- 11) Hojiiwwan biroo Boordii kennamaniif ni raawwata.

15. Angoo fi Hojii Itti Aantota Daareektara Ol'aanaa

- 1) Damee hojii itti ramadaman ni qajeelchu; ni hogganu.
- 2) Daareektarri Olaanaan haala addaatiin yoo murteesse malee bakka Daareektarri Olaanaan hin jirretti Itti Aanaan muudamaan dursu bakka bu'ee ni hojjeta.
- 3) Hojii biroo Daareektara Olaanaan kennamuuf ni raawwatu.

Kutaa Afur

Galii fi Bulchiinsa Faayinaansii

16. Maddaa fi Bulchiinsa Galii

- 1) Galiin OBN maddoota armaan gadii irraa kan argamu ta'a:
 - (a) Baajata mootummaan ramadamu;
 - (b) Akkaataa Labsii kanaatiin kalfaltii tajaajila adda addaa OBN kennu irraa argamuu fi
 - (c) Maddoota galii adda addaa.

- ፩) ባለው ሕግ ላይ በመመስረት ሠራተኞችን ይቀጥራል፤ ያስተዳድራል፤ ከሥራ ያሰናብታል፤
- ፪) የበጀት ረቂቅ እና የአጭር፣ መካከለኛ እና ረጅም ዕቅድ አዘጋጅቶ ለቦርድና ለጨፌ በማቅረብ ሲፈቀድለት ሥራ ላይ ያውላል፤
- ፫) ኦብኔን በመወከል ከሦስተኛ ወገን ጋር የሥራ ግንኙነት ያደርጋል፤
- ፬) የኦብኔን የሥራ እንቅስቃሴ አስመልክቶ በየጊዜው ለቦርድ እና ለጨፌ ሪፖርት ያቀርባል፤
- ፭) የሥራን ሂደት ለማቀላጠፍ ሲባል እንደ አስፈላጊነቱ ከሥራ ድርሻው ላይ አካሉን ለምክትሎች ወይም በአሱ ሥር ላሉት የክፍል ኃላፊዎች ሊሰጥ ይችላል፤
- ፮) ሌሎች በቦርድ የሚሰጡትን ተግባራት ያከናውናል፡፡

፲፭. የምክትል ዋና ዳይሬክተር ሥልጣን እና ተግባር

- ፩) የተመደቡበትን የሥራ ክፍል ቅርንጫፍ ያቀናጃል፤ ይመራል፤
- ፪) ዋና ዳይሬክተሩ በተለየ ሁኔታ ካልወሰነ በስተቀር ዋና ዳይሬክተሩ በሌለበት በሹመት የሚቀድመው ምክትል ተወካዮች ይሠራል፤
- ፫) ሌሎች በዋና ዳይሬክተር የሚሰጣቸውን ተግባራት ያከናውናሉ፡፡

ክፍል አራት

ገቢና የፋይናንስ አስተዳደር

፲፮. የገቢ ምንጭ እና አስተዳደር

- ፩) የኦብኔ ገቢ ከሚከተሉት ምንጮች የሚገኝ ይሆናል፡-
 - (ሀ) በመንግሥት ከሚመደብ በጀት፤
 - (ለ) በዚህ አዋጅ መሠረት ኦብኔ ከሚሰጣቸው የተለያዩ አገልግሎቶች የሚገኝ ክፍያ፤ እና
 - (ሐ) ከተለያዩ የገቢ ምንጮች፡፡

- 6) Employ, administer and dismiss the Journalists, technical experts and supporting staffs in accordance with the existing Law.
- 7) Prepare the budget draft and the short, medium and long term plan and submit to the Board and Caffee; implement same up on approval;
- 8) Make work relations with third party representing OBN;
- 9) Present reports to the Board and to the Caffee time to time regarding the work performances of OBN;
- 10) May delegate part of his duties to the Deputy General Directors or to department heads under him as deemed necessary with a view to facilitate work processes;
- 11) Perform other activities assigned to him by the Board.

15. Power and Duties of Deputy General Directors

- 1) Direct and lead the work branches on which they are assigned;
- 2) Unless the Director General decides otherwise, the Deputy Director General who precede others in appointment works on behalf of the General Director in his absence.
- 3) Perform other activities assigned to him by the Director General.

Part Four

Income and Financial Administration

16. Source and Administration of Income

- 1) Income of OBN shall be obtained from the following sources:
 - (a) The budget which the Government allocates;
 - (b) The service fee collected from the various services OBN provides as per this Proclamation ;
 - (c) Various income sources.

- 2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a) - (c) tiin galiowan argaman lakkoofsa Baankii maqaa OBN 'tiin banamu keessa taa'ee hojii OBN ittiin gaggeesuuf yeroo yeroon baasii ta'a.

17. Galmee Herregaa

- 1) OBN galmeeewwan herregaa fi harshammeewwan faayinaansii sirrii fi guutuu ta'e ni qabaata.
- 2) Galmeeewwan herreegaa fi qa-beenyi OBN Mana Hojii Oditara Muummichaa Naannoo Oromiyaatiin yookiin oditara inni bakka buusuun oditii ta'a.

Kutaa Shan

Tumaalee Adda Addaa

18. Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu

- 1) Labsii kana raawwachiisuuf Caffeen Dambii baasuu ni danda'a.
- 2) Labsii kanaa fi Dambii bu'uura Labsii kanaatiin bahu raawwachiisuuf Boordii Qajeelfama baasuu ni danda'a.

19. Mirgaa fi Dirqama Dabarsuu

Mirgoonnii fi dirqamoonni Dhaabbata Raadiyoo fi Televiziyiinii Oromiyaa gara OBN'tti darbanii jiru.

20. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabanne

- 1) Labsiin Dhaabbata Sab-qunnamtii Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak.113/1998 fi Labsiin Dhaabbata Raadiyoo fi Televiziyiinii Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak.164/2003 Labsii kanaan haqamaniiru.
- 2) Labsiin, Dambiin, Qajeelfanii fi hojimaanni Labsii kanaan wal-faallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩(ሀ-ሐ) መሠረት የሚገኙ ገቢዎች በኦብኔ ስም በሚከፈሉት የባንክ ሒሳብ ቁጥር ውስጥ ገቢ ሆኖ የኦብኔን ሥራ ለማካሄድ በየጊዜው ወጪ ይሆናል፤

፲፯. የሒሳብ መዝገብ

- ፩) ኦብኔ ትክክለኛ እና ሙሉ የሆነ የሒሳብ መዝግብት እና የፋይናንስ ሰነዶች ይኖሩታል፤
- ፪) የኦብኔ የሒሳብ መዝግብት እና ንብረት በኦሮሚያ ክልል ዋና ኦዲተር መሥሪያ ቤት ወይም እሱ በሚወክለው ኦዲተር ኦዲት ይሆናል፡፡

ክፍል አምስት

ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

፲፰. ደንብ እና መመሪያ የማውጣት ሥልጣን

- ፩) ይህን አዋጅ ለማስፈጸም ጨፌ ደንብ ሊያወጣ ይችላል፤
- ፪) ይህን አዋጅ እና በዚህ አዋጅ ላይ በመመስረት የሚወጣውን ደንብ ለማስፈጸም ቦርዱ መመሪያ ሊያወጣ ይችላል፡፡

፲፱. መብት እና ግዴታን ስለማስተላለፍ

የኦሮሚያ ሬዲዮ እና ቴሌቪዥን ድርጅት መብትና ግዴታዎች ወደ ኦብኔ ተላልፈዋል፡፡

፳. ተፈጻሚነት ስለማይኖራቸው ሕጎች

- ፩) የኦሮሚያ ክልል ብዙሃን መገናኛ ድርጅት ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር ፻፲፫/፲፱፻፺፰ እና የኦሮሚያ ሬዲዮ እና ቴሌቪዥን ድርጅት ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር ፻፷፬/፪ሺ፫ በዚህ አዋጅ ተሽረዋል፤
- ፪) ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረኑ ማንኛውም አዋጅ፣ ደንብ፣ መመሪያ እና አሠራሮች በዚህ ደንብ ውስጥ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም፡፡

- 2) The incomes obtained in accordance with sub article 1 (a-c) shall be deposited in the Bank account to be opened in the name of OBN and shall be drawn out as time to time the performance of activities of OBN;

17. Book of Accounts

- 1) OBN shall have accurate and complete books of accounts and financial documents;
- 2) The books of accounts and property of OBN shall be audited by the Auditor General Office of Oromia Regional State or by the auditor it assigns.

Part Five

Miscellaneous Provisions

18. Power to Issue Regulation and Directive

- 1) The “Caffee” may issue Regulation to implement this Proclamation ;
- 2) The Board may issue Directive to implement this Proclamation and the Regulation to be issued in accordance with this Proclamation.

19. Transfer of Rights and Obligations

The Rights and Obligations of Oromia Radio and Television Organization have been transferred to OBN.

20. Inapplicable Laws

- 1) The Proclamation to establish Oromia Mass Media Organization No.113/2006 and the Proclamation to establish Oromia Radio and Television Organization No.164/2011 are hereby repealed;
- 2) Any Proclamation, Regulation, Directive and Customary practice inconsistent with this Proclamation shall not be applicable on the matters covered in this Proclamation.

21. Tumaalee Cehumsaa

- 1) Labsii kana keewwata 20 jalatti kan tumame jiraatuyyuu hojii-wwan hojiirra oolmaa Labsii kanaatiin dura jalqabaman akkaa-tuma Labsiiwwan kanaan dura hojiirra turaniin kan raawwata-man ta'u.
- 2) Falmiin hojii irra oolmaa Labsii kanaatiin dura Mana Murtiitti dhiyaatee ilaalamaa jiru seerota kanaan dura turaniin ilaalamee kan murtaa'u ta'a.

22. Yeroo Labsiin Kun Hojiirra Itti Oolu

Labsiin kun Ebla 07 Bara 2010 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

Finfinne

Ebla 07 Bara 2010

Lammaa Magarsaa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

፳፩. የሽግግር ድንጋጌዎች

- ፩) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፳ ሥር የተደነገገው ቢኖርም ይህ አዋጅ ሥራ ላይ ከመዋሉ በፊት የተጀመሩ ሥራዎች ከዚህ በፊት ሥራ ላይ በነበሩ አዋጆች መሠረት የሚፈፀሙ ይሆናሉ፤
- ፪) ከዚህ አዋጅ ሥራ ላይ መዋል በፊት በፍርድ ቤት ቀርቦ እየታየ ያለ ክርክር ከዚህ በፊት በነበሩ ሕጎች ታይቶ የሚወሰን ይሆናል፡፡

፳፪. አዋጁ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ

ይህ አዋጅ ከሚያዝያ ፯ ቀን ፪ሺ፲ ዓ.ም. ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል፡፡

ፊንፊኔ

ሚያዝያ ፯ ቀን ፪ሺ፲ ዓ.ም.

ለማ መገርላ

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት

21. Transitory Provisions

- 1) Notwithstanding to the provision under sub article 20 of this Proclamation, activities began prior to the coming in to force of this Proclamation shall be performed as per the Proclamations existing previously;
- 2) A case brought before court and is pending prior to the coming in to force of this Proclamation shall be tried and decided in accordance with the previous laws.

22. Effective Date

This Proclamation shall come in to force as of April 15, 2018.

Finfine

April 15, 2018

Lema Megersa

President of Oromia Regional State

©Wajjira Caffee Oromiyaatiin Kan Maxxanfame

በጨፌ ኦሮሚያ ጽ/ቤት የታተመ

Published by The Secretariat of “Caffee” Oromia

Caamsaa 27 Bara 2010 / ግንቦት ፳፯ ቀን ፪ሺ፲ / June 5, 2018